# Maanuwaalii koreen Waldaalee Hojii Gamtaa ogeeyyii gorsiitootaa waliin gaggeessumaa akka kennaniif qophaa'e.

**Fulbaana, 2014 A.L.I.**

**Finfinnee**

**Qabiyyee**


1.1. Seensa ..... Error! Bookmark not defined.

1.2. Kaayyoo ..... Error! Bookmark not defined.

1.1. Kaayyoo Ijoo ..... 6

1.2. Kaayyoo Gooree ..... Error! Bookmark not defined.

1.3. Hiikaa ..... Error! Bookmark not defined.

1.4. Barbaachisummaa Ogeessota Gorsaa , ..... 6

1.5. Fayidaa Tajaajilli Gofrsaa Qabaatu, ..... 7

1.6. Shoora Ogeessota Gorsaa ..... Error! Bookmark not defined.

1.7. Ogeessota Gorsaa Bu'a-qabeessa Hojii Irra Oolchuu ..... Error! Bookmark not defined.

1.8. Bu'aalee Gorsa Irraa Eegaman, ..... 9

1.9. Qajeeltoowwan WAldaalee Hojii Gamtaa ; ..... 10

1.10. Sonaalee WAldaalee Hojii Gamtaa ; ..... 11

1.11. Sonaalee Naamusaa ..... Error! Bookmark not defined.

1.12. Daangaa Gorsaa ..... Error! Bookmark not defined.

2.1. Akkaataa Gurmaa'insa Ogeessota Gorsaa ..... Error! Bookmark not defined.

2.2. Adeemsa Filannoo fi Ulaagaalee Ogeessota Gorsaa ..... Error! Bookmark not defined.

2.2.1. Adeemsa Filannoo ..... Error! Bookmark not defined.

2.2.2. Ulaagaalee Eenyummaa Ogeessota Gorsaa, ..... 16

2.3. Haala Waliigalteen Tajaajila Ogeessota Gorsaa Ittiin HaaromsamuError! Bookmark not defined.

2.4. Gosoota WAldaalee Hojii Gamtaa Tajaajilli Gorsaa Xiyyeeffannoo Irrastti TaasisuError! Bookmark not def

3.1. Adeemsa Gorsaatiin Dhimmoota Xiyyeeffannoon Irratti Taasifamu/BarbaadanError! Bookmark not defined

3.2. Adeemsa Hojimaata Kaffaltii Ogeessota Gorsaa Kaffalamuu, ..... 20

3.3. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Ogeessota Gorsaa , ..... 21

3.4. Haala Bobba'aa fi Bulchiinsa Ogeessota Gorsaa, ..... 23

3.4.1. Bobba'aa Ogeessota Gorsaa, ..... 23

3.4.2. Bulchiinsa Ogeessota Gorsaa ..... Error! Bookmark not defined.

3.5. Amaloota Naam Isaa Ogeessota Gorsaa Irraa EEgaman ..... Error! Bookmark not defined.

3.6. Waa'ee WAliigaltee Ogeessota Gorsaa Addaan Kutuu, ........................................................ 24
3.7. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qaamolee Hooggansa Hojii Yommuu Ogeessota Gorsaa Waliin Hojjatanii ........................................................................................ **Error! Bookmark not defined.**
3.8. Waa'ee Faida Qabeessummaa Ogeessota Gorsaa Guddisuu ...... **Error! Bookmark not defined.**
3.9. Adeemsa Kenniinsa Duub-deebiin Ogeessota Gorsaa Ittiin Kennamu, ............................. 27
3.10.Ogeessonni Gorsaa fi Qaamoleen Hooggansaa Yeroo Isaan Walitti Dhufeenya Qabaatan**Error! Bookmark no**
4.1. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Abbaa Taayitaa Rogummaa QAbuu , .................................. 34
4.2. Ogeessonni Gorsaa Abbaa Taayitaa Rogummaa Qaban Waliin Walitti Dhufeenya Waliin Qabaatan, ........................................................................................ **Error! Bookmark not defined.**
5. Gudunfaa/Cuunfaa ............................................................................ **Error! Bookmark not defined.**
6. Miiltoo ........................................................................................ **Error! Bookmark not defined.**

## Kutaa Tokko

### 1.1. Seensa

Waldaaleen hojii gamtaa namooonni rakkiinaalee hawaas-diinagdee dhuunfaan hiikachuu hindandeenye carraaqqii walootiin hiikuuf humna, beekkumsaa fi maallaqa isaanii walitti qabuun gurmaa`anii waliin kan abboomanii fi to`ataniidha.

Akka Adunyaa fi Afirikaatti waldaaleen hojii gamtaa sadrarkaa ol aanaarra waan jiraniif guddina hawaas-diinagdee keessatti gumaacha ol aanaa taasisaa jiru. Biyya keenya keessatti gurmiin waldaalee hojii gamtaa eega eegalamee waggoota jahaatamaa(60) ol akka lakkoofsise ragaaleen ni agarsiisu. Turtii Waggoota hanga kanaa keessatti labsiileen waldaaleen hojii gamtaa itti gurmaa`an yeroo adda addaa labsamanii waldaalee hojii gamtaa babal`isuu fi nageenya isaanii mirkaneessuuf carraaqqiin kan taasifaman yoo ta`e illee biyya keenya keessatti sochiin waldaalee hojii gamtaa sadarkaa barbaadameen akka hin guddanne hudhaaleen hedduun quunnamaniiru.

Sadarkaan, baayinni, fi babal`ina tajaajila waldaalee hojii gamtaa guddachaa waan deemeef gaggeessummaa haala kanaan walgitu waan hin kennineef fi humna nama barateen gaggeeffamuu dhabuu, labsii fi dambii kabajuu dhabuu, sirna hojimaataa hordofanii hojjachuu dhabuu fi hojii isaanii miira gaafatamummaa (in spirit of accountability) raawwachaa waan hin jirreef hanga barbaadameen dhaabbata cimoo fi bu`a qabeessa ta`uu hin dandeenye. Waldaaleen hojii gamtaa naannoo keenyaa rakkinaalee sochii isaanii keessatti isaan quunname qorannoon adda baafachuun ogeeyyii hojii kana irratti muuxannoo fi dandeettii qabaniin akka gorfaman gochuun gaggeessumaa wadaalee hojii gamtaa keessatti **kaawunsilii ogeeyyii gorsitootaa**( professional advisory council) keessa galchuun hojimaata bu`ua qabeessa ta`e diriisuun dhimma murteessaa yeroon gaafatuudha.

Muuxannoon idil addunyaa akka agarsiisutti biyyoota heddu keessatti waldaalee hojii gamtaa bu`a qabeessa taasisuuf ogeeyyii baratanii fi muuxannoo adda addaa qabanii qacaranii ittiin gorfamuun bu`a qabeessa akka ta`aniif hojjiiwwan gurgudaa hojjechaa jiru. Kanaaf immoo biyyii **Hooland /Netherland/** kan heeramtuudha, Hoolaand keessatti waldaan hojii gamtaa misooma Habaaboo **Royaal Filooraa** boordii keessatti qaawwa isaanii duuchufii kan

danda`an ogeeyyii gorsitootaa keessa galchuun gaggeessummaa gahoomina qabun deeggaramun jijjiirama hojimaata diriirsuun waldicha bu`a qabeessa taasisuu danda`aniiru.

Muuxannoon kun naannoo keenya keessatti yuuniyeenoota waldaalee hojii gamtaa keessatti jalqabarratti yaalamee yuunyeenoota tokko tokko irratti hanga tokko bu`a qabeessa ture .Fakkeenyaaf **Yuuniyeenii waldaalee hojii gamtaa Omishtoota Bunaa Oromiyaa.** Haa ta`u malee qaama kana gaggeessan waldaalee hojii gamtaa keessatti galchuu malee haala hojiirra oolmaa isaarratti qajeelfamni waan hin turree fi sirna hojimaata xiyyeeffannoo waan hin argataniif hojicha itti fufsiisuu hin danda`amne. Waldaaleen hojii gamtaa humna isaanii fayyadamuun cimanii kaayyoo fi hojii ittiin gurmaa`an sirnaan raawwachuun faayidaa miseensotaa akka eegsisanii fi bu`a qabeessa ta`anii itti fufiinsa akka qabaatan taasisuuf, rakkinaalee waldaalee hojii gamtaa dursanii adda baasuun, rakkinaalee adda bahan walduraa duuban kaa`uun karaa ittiin hiikaman furmaata tarsiima`aa ta`e kaa`uun barbaachisa.

Kanaaf waldaalee hojii gamtaa gorsuu fi deeggarsa ogummaa gochuun hirmaannaa fi fayyadamummaa miseensotaa mirkaneessuu dandeessisanii fi hanqinaale bu`uura taasifachuun ogeeyyii gorsitootaa gaggeessummaa, qindoominaa/organization/ fi adeemsa hojmaataa irratti deeggarsa taasisuun hojiimaata waldaalee hojii gamtaa hammayyeessu fi hojiirra oolchuuf kan gargaaru maanuwaaliin kun qophaa`eera.

## 1.1. Kaayyoo Gooroo

Gaggeessitoonni waldaalee hojii gamtaa hanqina beekkumsaa fi dandeetti qaban adda baasuu fi guutuun dorgomummaa isaanii guddisuuf kan dandeessisan ogeeyyii gorsitootaa gaggeessummaa keessa galchuun hojimaata, gaggeessummaa fi kenniinsa tajaajila isaanii fooyyessuun fayyadamummaa miseensotaa gama hundaan mirkaneessuu**.**

### 1.2. Kaayyoo Goree

- ✓ Gorsa ogummaa Qaawwota adda bahan bu`uurreffate akka argatan gochuu
- ✓ Sadarkaa guddinaa waldaaleen hojii gamtaa irra qaqqabaniin fi beekkumsa yeroon gaafatuun waliin kan walsimu sirna hojimaataa fi gaggeessummaa diriirsuun bu`a qabeessa fi dorgomtoota akka ta`an dandeessisuu
- ✓ Humna ogeeyyii gorsitootaa fayyadamuun, qaawwa gaggeessummaa,hojimaataa fi bu`aa ce`uumsa teeknooloojii guutuu danda`uu fi itti fufiinsa qabu akka galmeessisan dandeessisuu.
- ✓ Humna ogeeyyii gorsitootaa fayyadamuun dorgomtoota akka ta`an dandeessisuun haala kenniinsa tajaajilaa fooyyessuun

### 1.3. Hiika

**Gorsuu jechuun**:- waldaalee hojii gamtaa hojii gaggeessummaan, sirna hojimaataa diriirsuu, raawwii hojii, faayinaansii fi bulchiinsa qabeenyaa, hirmaannaa fi fayyadamummaa miseensotaa, akkasumas, haala ijaarsa misooma bu`uuraa fi bulchiinsa isaarratti qaawwa qaban hiikuuf akka danda`an ogeeyyii gorsitootaatiin deeggarsa ogummaa jechaan yookiin barreeffamaan kennamuu jechuudha.

**Ogeeyyii Gorsitootaa jechuun** :- Qaamolee gaggeessitoota waldaalee hojii gamtaa dhaabbata isaanii sirnaan gaggeessuun bu`a qabeessa ta`uu akka danda`an waliigaltee dursee irratti waliigalme bu`uura taasifachuun dhimmoota raawwatan jechuun, gabeessuu/marketing/ gurgurtaawwan, babal`achuu faayinaansii fi kan kana fakkaatan dhimmoota biiznasii kamirratti ogeeyyii koreewwan waldaalee hojii gamtaaf tajaajila gorsaa kennuun akka danda`amuuf barumsaa, beekkumsaa fi ogummaa adda addaatiin muuxannoo fi dandeettii gahaa qaban gaggeessa keessatti galchuun sagalee murtee malee ogeeyyii deeggarsa kennan of keessatti hammate jechuudha.

**Qaamolee Gaggeessitootaa Jechuun:-** waldaalee hojii gamtaa hojii fi dirqama adda addaa qaban akka gaggeessanii fi yaa`ii waliigalaatin kan filatamani fi miseensota koree hojii raawwachiiftuu fi miseensota koree to`annoo itti waamamni isaanii yaa`ii waliigalaatiif ta`e jechuudha.

### 1.4. Barbaachisummaa Ogeeyyii Gorsitootaa

a) Hojii waldaalee hojii gamtaa yeroodhaa gara yerootti bal`achaa dhufe, sadarkaa guddinaa fi sirna kenniinsa tajaajilaa isaanii bu`uura taasifatee, ogeeyyii dandeetti fi ogummaan hubannoo gaarii qaban ogeeyyii gorsaa fayyadamuun gaggeessa gahumsa qabu kennuu waan barbaachiseef.

b) Waldaaleen hojii gamtaa qaawwota hojimaataa, gaggeessummaa, fi kenniinsa tajaajilaa adda baasuun gorsa ogeeyyii irraa argamu fayyadamuun human qaamolee gaggeessitootaa ijaaruun, hojimaata isaani fi kenniinsa tajaajilaa fooyyessuun dorgomummaa isaanii guddisuun waan barbaachiseef

c) Qaamolee gaggeessitoota waldaalee hojii gamtaa haalli Murtee dabarsuu raga fi beekkumsa bu`uura kan taasifate taasisuun dorgomummaa isaanii guddisuuf

d) Waldaaleen hojii gamtaa kenniisa tajaajilaa isaanii saffisaa taasisuun bu`aa weeyitawaa fi itti fufiinsa qabu galmeessisuun fayyadamummaa miseensotaa mirkaneessuun waan barbaachiseef

e) Hirmaannaa waldaalee hojii gamtaa fi humna raawwachiisummaa guutuu ta`e guddisuun abbummaa fi fayyadamummaa hawaas-diinagdee miseensotaa mirkaneessuun waan barbaachiseef,

f) Qabinsa herreegaa fi ragaa adda addaa ammayyaa'atti akka fayyadaman taasisuun waan barbaachiseef

### 1.5. Faayidaa Tajaajilli Gorsaa Qabaatu

a) Qaamoleen gaggeessitoota sirna kenniinsa murtee fi humna kalaqaa isaanii guddisuun qulqullinaa fi saffina hojii waldaalee hojii gamtaa ni dabala

b) Gaggeessitoonni waldaalee hojii gamtaa beekkumsii fi dandeettii isaanii sababa fooyya`eef seera bu`uura godhachuun akka hojjetanii fi humni raawwachiisummaa fi ofitti amanummaan isaanii akka guddatu ni taasisa

c) Waldaaleen hojii gamtaa ce`umsa teeknoloojii fi dandeettii babal`isuun dorgomummaa gabaa keessatti qaban ni guddisa

d) Sirna hojimaataa fooyya'aa fi walfakkaata /uniform/ ta`e diriirsuun waldaalee hojii gamtaa keessatti fayyadamummaa haqa qabeessi fi miira abbummaa miseensotaa guddisuuf ni gargaara.

e) Qisaasama dabamsiisuun sirna itti fayyadama qabeenyaa bu`a qabeessa ta`e guddisuun miseensota biratti ofitti amanummaan akka guddatu ni gargaara.

f) Ijaarsa/ misooma diinagdee naannichaa keessatti gahee isaanii akka bahan ni taasisa.

g) Maqaa badaa Waldaalee hojii gamtaa jijjiiruun miseensotaa fi qaamolee qooda fudhattootaa biroon amantaa akka irratti qabaatan ni taasisa.

h) Projektootawwan haara bocaman walitti hidhaminsa miseensota waliin qabuu fi qorannoo bu'aqabeessemaa isaa ilaaluu fi kan duraanii jiran immoo humna guutauun akka hojjetan ni gargaara

i) Waldaaleen hojii gamtaa kaayyoo dhaabbataniif ala ba'anii akka hin hojjennee ni taasisa,

**1.6. Gahee ogeeyyii Gorsitootaa**

1) Ogeeyyiin gorsitootaa waldaaleen hojii gamtaa haalaan hojii isaanii akka gaggeessaniif miseensota koree hojii raawwachiiftuu yookin koree to`annootiif beekkumsa fi dandeettii kan dabalan dandeettii fi ogummaa addaa kan qaban tuuta ogeeyyii deeggarsa kennuuf dhaabbate garee tola ooltotaati.
2) Ogeeyyiin gorsitootaa waldaalee hojii gamtaa bulchuuf aangoo seeraa hin qabu. Ogeeyyiin gorsitootaa qajeelfama hordofuu qaban mataa isaanitiin qopheessuun kennuu hin danda`an. Hinumaayyuu ogeeyyiin gorsitootaa fi /yookiin qaamolee koree hojii

raawwachiiftutiif yookiin koree to`annootiif gorsa, ragaalee ijoo fi meeshalee murteef gargaaran dhiheessuun ni tajaajila.

3) Ogeeyyiin gorsitoota sirnaan filaman ergama isaanii milkeessuuf yemmuu hojjatan bu`a qabeessummaa koree hojii raawwachiiftuuf yookiin koree to`annootiif deeggarsa ol aanaa ta`uu ni danda`a. ogeeyyiin gorssitootaa sagantaa murtaa`e tokkoo fi adda ta`erratti xiyyeeffannoo kennuun koree hojii gaggeessituu yookiin to`annoo gorsuun yookiin deeggaruun ni danda`ama.
4) Ergamni ogeeyyii gorsitootaa yaada ijaarsa waldaalee hojii gamtaatiif kennuudha. Qaamoleen hojii gaggeessituu gahee hojii isaanitiin ogeeyyii gorsitootaa irraa tajaajila gorsaa akka argatan ni dandeessisu, koree hojii raawwachiiftuu dudhaalee waldaalee hojii gamtaa bu`uura taasifachuun ogummaa ogeeyyii gorsitootaa ni fayyadamu.

## 1.7. Gorsitoota Bu`a Qabeessa Ta`an Hojiirra Oolchuuf

1) **Fedhii adda baasuu**;- karoora keessatti tarkaanfiin jalqabaa waldaa hojii gamtaa ogeeyyii gorsitootaa waliin waan milkeessuu barbaadan adda baafachuu qaba
2) Ibsa wixinee hojii qopheessuu
3) Madda ogeeyyii gorsitootaa adda baafachuu fi ulaagaa ittiin adda baasan qopheessuun foo`insa gaggeessuu
4) Hojiilee ogeeyyii gorsitootaa waliin raawwataman adda baasuun waliigaltee irratti uumuu
5) Raawwatiinsa hojii hordofuuf agarsiistota ijoo ta`an adda baasuun qopheessuun yeroo-yeroon gamaaggamuu

## 1.8. Bu'aalee Gorsa Irraa Eegaman,

- Kenninsa tajaajila itti fufiinsaa fi saffisa qabu jiraachuu
- Dandeettii hooggansaa guddate, odeeffannoo fi beekumsa bu'ureffate kennuu
- Walitti dhufeenya gaarii miseensota fi waldaa hojii gamtaa gidduutti uumame,
- Dandeettii dorgomummaa Sadarkaa biyyaa fi idil-addunyaatti guddate

- Sirna qabeessa odeeffannoo fi wal-jijjiirraa odeeffannoo teekinoloojii bu'uureffate,
- Fayyadamummaa dinagdee fi hirmmaannaa miseensotaa guddate,
- Humna walitti hidhantiisa daldalaa sadarkaa biyyaa fi idil-addunyaatti uumame,
- Qaamolee hooggansaa seeraa fi seera-qabeessummaa kabajanii hojjatan,
- Dandeettiin ofitti amanamummaa fi raawwii isaanii kan guddate

## 1.9. Qajeeltoowwan Waldaalee Hojii Gamtaa ;

**1. Miseensummaan fedhii fi hundaaf banaa kan ta'eedha;**

Namoonni fedhii wal fakkaataa qabanii fi naannawaa tokko jiraatan, umuriin wagga 18 ol kan ta'e, hunduu miseensa ta'uu ni danda'a. Garaagarummaan amantii, gosummaa, halluu, saalaa, loqodaa/afaanii osoo hin daangesin dirqama isaan irraa eegamuu fi ulaagaa inni gaafatu kan guutuu fi tajaajilawwan kennaman irraa nan fayyadama kan jedhu eenyumtuu miseensa kan itti ta'uudha.

**2. To'annoo Dimokiraasummaa Miseensotaa;**

Miseensonni waldaa hojii gamtichaa hundeessan ofii isaaniitiin kan hoogganamanii fi kan ofi to'ataniidha. Miseensonni ga'umsaan kan itti hirmaannaa taasisan, murtii itti kennan, itti gaafatamummaa itti ba'an ta'a. Hojimaata dhibbaa tokko illee malee dhiirotaa fi dubartoonni filachuu fi filatamuu dandaa'aniidha.Qajeeltoo hundinuu sagalee wal qixa qaba ykn bu'uura namni tokko sagalee tokko qaba jedhuun dhaabbata dimokiraatawaa sagaleen itti kennamuudha.

**3. Hirmaannaa Dinagdawaa Miseensotaa;**

Miseensi tokko wal jijjiirraa daldalaa waldicha waliin taasisu yaada keessa galchuudhaan bu'aan kan kaffalamu yommuu ta'u hammi qooni miseensonni bitanii akkaataa dhaabbilee dhuunfaa kanneen birootiin tilmaama keessa kan galchu mit. Qoodaaf dhalli madaalawaan kan itti herreegamuudha. Bu'aan kan inni argamu hirmaannaa miseensotaatiin waan ta'eef miseensonni damaqinaan kan hirmaannaa taasisu ta'a. Bu'aan argame akkaataa hirmaannaa taasifameen kan itti argamuudha.

4. **Walabummaa fi Ofiin ofi bulchuu;**

Waldaaleen Hojii Gamtaa dhaabbilee ofiin ofi bulchan miseensonni ofii isaanii ittiin to'atan, ittiin ofi hoogganani fi ofi bulchaniidha.Qaama kam illee waliin walitti dhufeenya uumuudhaaf yommuu waliigaltee mallatteessan bifa amilee isaanii hin tuqineen taasisuu qaba. Yoo qaama kan biraa irraa maallaqa liqeeffachuu barbaadan mootummaa dabalatee eenyu illee osoo keessa hin seenin walitti dhufeenya dimokiraatawaa fi murtii miseensotaatiin qofa kan raawwatamu ta'a.

5. **Barumsa, Leenjii fi Odeeffannoo;**

Waldaaleen Hojii Gamtaa miseensota, hooggantootaa fi hojjattota qaxaramoo isaaniif barumsaa fi leenjii wal irraa hin cinnee fi walitti fufiinsa qabu ni kennuuf. Dabalataanis, Waldaaleen Hojii Gamtaa fi miseensonni isaa qaama dhimmi ilaallatuuf odeeffannoo kennuu fi fudhuuf itti gaafatamummaa qabu.

6. **Waldaalee Kanneen Biroo Waliin Hariiroo Uumuu;**

Walitti dhuufeenya isaanii guddisuu fi cimsuun galii miseensotaa guddisuudhaan humna waloon wal ta'iinsa uumuuf jecha Waldaaleen Hojii Gamtaa bu'uuraa walii walii isaanii, Yuuniyeenonni Waldaalee Hojii Gamtaa walii walii isaanii akkasumas Federeeshinoota Waldaalee Hojii Gamtaa bifa wal fakkaataa ta'een walii waliin walitti dhufeenya olee fi dalgee uumuu ni danda'u.

7. **Misooma/Guddina Naannoof;**

Miseensonni seeraa fi imaammata raggaasisan bu'uureffachuudhaan naannoo isaaniif misooma itti fufinsa qabu fedhii miseensotaa bu'uureffachuudhaan ni hojjetu.

## 1.10. Sonaalee WAldaalee Hojii Gamtaa ;

Waldaaleen Hojii Gamtaa yommuu hundeeffamanii fi erga hundeeffamaniin booddees sonaaleen armaan gaditti tarreeffamana hojii irra oolchuu qabu.

1. **Ofi Gargaaruu ykn Mataa Ofii Danda'uu;**

Jechi kun ofii ofii qofa dursuudhaan fayidaa ofiif argamu qabachuu yaada agarsiisu osoo hin taane hojii gamtaa keessa dhaabbata dinagdee namoonni fedhii walfakkaataa qaban maallaqa, beekumsa fi humna isaanii walitti fidanii hundeessan waan ta'eef fedhii waloo irratti hundaa'anii kan ittiin wal gargaaran, ittiin waliif yaadan fi wal dedeggaranii bu'aa fooya'aa kan ittiin argataniidha.

2. **Itti Gaafatamummaa Ofii;**

Dhaabbilee ofiin ofi bulchan waan ta'aniif hoogganisis miseensonni isaas itti gaafatamummaa itti kenname baa'achuutu irra jiraata. Waldicha kufaatiin/kassaraan/ akka isaan hin muudaneef abbootiin waldichaa isaan waan ta'aniif balaa irraa baraaruuf dirqama qabu.

**3. Dimokiraasii;**

Miseensonni Waldaalee Hojii Gamtaa waldaa isaanii dammaqinaan hirmaannaa itti taasisanii fi to'atanii dha.Miseensonni bilisaa fi ofii isaanii kan ofii bulchuu fi hoogganssa ofii isaanii bifa dimikiraatawaa ta'een waltajjii itti filataniidha. Qoodaa fi kappilaala tilmaama keessa osoo hin galchin kan sagalee wal qixa itti kennan dhaabbata miseensi tokko sagalee tokko itti kennuudha.

**4. Wal-qixxummaa;**

Dhala namaaf mirgaa fi kabajni kan ittiin kennamuuf dha. Garaa garummaan gosaa, amantii, siyaasaa kan keessa hin jirreedha. Miseensonni mirga qaxaramuu, odeeffannoo argachuu, sagalee kennuu, mirgi filachuu fi filamuu, wal qixdxummaan koorniyaa jiraachuu isaa agarsiisa. Dhaabbata miseensonni hundinuu akkaataa hirmaannaa isaaniitiin bu'aa itti argataniidha.

**5. Haqummaa**

Bu'a-qabeessummaan Waldaaleen Hojii Gamtaa kan inni ittiin safaramu sochii miseensota isaatiin waan ta'eef waldaaleen kun tajaajila isaan miseensotaaf kennaniif hirmmaanaa miseensonni taasisaniin ta'uu qaba. Hirmmaana hedduu waldicha waliin kan taasise bu'aa hedduu argachuu qaba. Hirmmaana xiqqoo waldicha waliin kan taasise bu'aa xiqqoo argachuu qaba. Hojimaata loogiin keessa hin jirre ta'uu qaba. Hojimaatni malaammaltummaa irraa qulqullaa'e/bilisa/ta'e jiraachuu qaba. Walitti dhufeenya miseensota haala salphaatti kan ofitti harkisuu danda'u ta'uutu irra jiraata.

**6. Obbolummaa**

Bu'aan Waldaaleen Hojii Gamtaa kan inni dhufu hojii miseensonni waloon hojjataniindha. Sochii dhuunfaan tasumaa hin jiru. Rakkoon waloo waloon yoo hiikaan caalmaadhaan cimina uuma. Aadaan walii deggaruu, wal gargaaruu gabbachuu qaba.Waliiyaaduu fi obbolummaan miseensotaa fi mit- miseensota gudduutti yoo uumame misooma naannootiif haala salphaatti sochii uumuu ni danda'a.

## 1.11. Sonaalee Naamusaa

1. **Amanamummaa**

Amanamummaan itti fufiinsa Waldaaleen Hojii Gamtaaf sona barbaachisaadha.Waldaaleen hojii gamtaa dirree hawwaasummaa fi dinagdeetti sochiin isaanii miseensota isaaniif amanamummaadhaan tajaajiluu qabu.Qulqullina meeshaalee biizinasichaan dhihaatanii fi gatii, sochii wayya'aa taasisuu, itti gafatamummaa ba'achuu, miseensotaa fi namoota miseensa hin ta'iniif amalaa fi sochii fooyya'aa kennuudhaan, waadaa barbaachisaa hin taanee fi raawwatamuu hin dandeenye galuu dhiisuudhaan, amanamummaa gabbisuu qaba. Miseensonnis waldaa isaaniif akkasuams Waldaaleen Hojii Gamtaanis miseensota isaaniif ifaa fi amanamummaadhaan wal quunnamtii isaanii cimsuu qabu.

**2. Iftoomina**

Waldaaleen Hojii Gamtaa tajajila miseensota isaaniif kennaniif ifaan beeksisuu qabu.Waldaaleen Hojii Gamtaa odeeffannoo kennuudhaan sochii waldaa hojii gamtichaa yero yeroodhaan ibsa herreegaa dhiheessuudhaan waliigala adeemsa hojimaata isaa bu'aa fi kisaaraa miseensota isaaf beeksisuu qaba.

3. **Itti Gaafatamummaa hawwaasaa**

Waldaaleen Hojii Gamtaa itti gaafatamummaan isaan irra jiru miseesota waldichaa tajaajiluu ta'u illee hawwaasa naannawaa sanaa kanneen miseensa hin ta'in waldicha waliin walitti dhufeenya daldalaa al-kallattiin jiraachuu waan danda'uuf hawwaasichaaf tajaajila kennuufiitu isaan irra jiraata.

**4. Kan biroof yaaduu**

Itti gaafatamummaan hawwaasummaa waliin wal fakkatu jiraatu illee Waldaaleen Hojii Gamtaa fi hawwaasni naannawaa sana jiru inni tokko isa kan biraaf yaaduufiidhaan jaalalaa fi eyyamamaa ta'uu irratti hirkatanii rakkoo isaanii foyyessuuf yoo yaalame gara fuula duraattis miseensota ofitti harkisuuf karaa mijataa uuma. Miseensonni waldaa hojii gamtichaa jala jiran walii walii isaaniif inni tokko isa kan biraaf wal gagargaaruu, waliif eyyamuu taasisu; qophaa'ummaa inni tokko isa kan biraa gargaaruuf qabu rakkoo ilaalcha miseensotaa salphusuun isaa akkuma eegametti ta'a.

**5. Itti Gaafatamummaa፡-**

Miseensoonni waldaa hojii gamtaa isaanii waliin hojii isaan hojjatan kamiif illee itti gaafatamummaa qabu. Homisha qulqullina qabu dhiheessuu,homisha yeroo isaatiin waldaa hojjii gamtichaaf dhiheessuu,hojiilee oomishaalee irratti waliindhahuun, madaalii/kiiloo/ hir'isuu, itti gaafatamummaa gatii yeroo fi amanamummaa qabu kaa'uutu isaan irra jiraata.

**6. Hirmaachisummaa**

Miseensonni dhimmoota waldaa hojii gamtaa kam illee keessatti dhorkaa tokko malee hirmaannaa taasisuu qabu. Waldaaleen hojii gamtaa dhiibbaa tokko malee miseensonni hunduu oomishaa isaanii dhiheessuudhaanis ta'e kenna tajaajilaa irratti miseensotini akka gaariitti hirmaannaa taasisuu isaanii mirkaneessuu qaba.

## 1.12. Daangaa Gorsaa

Bu'uura labsii waldaa hojii gamtaatiin naannoo keenya keessatti gurmaa'anii hojii irratti kanneen argamaniif, bal'inni tajaajila isaanii fi amalli hojii isaanii bal'achaa fi wal xaxaa kan jiru, gabaa keessatti dirgomuu fi ergama isaanii milkeessuudhaaf rakkoo dandeettii raawwachiisuu qabanii fi ogeessota gorsaa fayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaa amanuudhaan fedhii ofii isaaniitiin kan murteessanWaldaaleen Hojii Gamtaa irratti raawwatamu ta'a.

# Kutaa Lama

## 2.1. Akkaataa Gurmaa'insa Ogeeyyii Gorsitootaa

Waldaaleen Hojii Gamtaa hanqina hojimaataa qaban bu'uureffachuudhaan qaama hooggansaa filatame akka deggaraniif jecha ogeessonni gorsitootaa yaa'ii waliigalaatiin ni qaxaramu. Ogeessonni gorsaa yaa'ii waliigalaatiin qaxaraman itti waamamni isaanii yaa'ii waliigalaatiif ta'a. Ogeessonni gorsaa waldaa hojii gamtaa tokkoof barbaachisan baayyinni isaanii akkaataa bu'uura qaawwaa hojii waldaalee hojii gamtaa sanaatiin kan murtaa'u ta'ee baayini isaanii sadi(3) kan hincaale ogummaalee adda addaa keessaa walitti dhufanii kan filataman ta'a. Ogeessonni gorsaa kenniisa murtii hooggansa koree hojii raawwachiiftuu fi koree to'annoo keessatti yommuu hirmaannaa taasisan sagale-malee miseensummaadhaan kan keessatti hammatman ta'anii ni gurmaa'u.

Ogeessonni gorsaa hooggansa koree hojii raawwachiiftuu fi koree to'annoo keessatti hammataman kan isaan filataman qaawwota/hanqinoota/ waldaalee hojii gamtaa

bu'uureffachuudhaan yommuu ta’u ogummaa barbaachisu, qophii barnootaa, muuxannoo hojii fi ga'umsa ni qabaatu.

Bu'uura ulaagaa filannoo ifatti kaa'ameen ogeessota gorsaa waldaa hojii gamtichaaf barbaachisan bu'uura seerri eyyamuun **dhaabbileen barnootaa ol'aanoo**, giddu-galawwan qorannoo, baankotaa fi dhaabbilee faayinaansii kanneen biroo,dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa keessaa ogeessota beekunsaa fi hubannoo fooyya'aa qaban waliin dorgomsiisuudhaan kan addaan baafamu ta'a.

Barri turtii hojii ogeessota gorsaa akka waldaa hojii gamtichaatiin bu'uura hanqina adda baafameen ni murtaa'a. Bu'uura turtii yeroo Waldaan hojii gamtichaa kaa'een karaa koree hojii raawwachiiftuu fi koree to'annootiin gabaasa madaallii barbaachisummaa fi bu'a-qabeessummaa yaa'ii waliigalaaf dhihaatu bu'uureffachuudhaan waliigaltiin hojichaa dheerachuu ykn addaan cituu ni danda'a.

Gaggeessitooni waldaalee hojii gamtaa badii fi hanqina hojii argniin yeroon walgahii yaa'ii waliigalichaa osoo hin eegamin yeroo kamitti illee waliigaltee hojichaa addaan kutuudhaan yaa'ii waliigalaaf ni beeksisa.

## 2.2. Adeemsa Filannoo fi Ulaagaalee Ogeessota Gorsaa

### 2.2.1. Adeemsa Filannoo

- Dorgommiin ogeessota gorsaa kan gaggeeffamu qaama angoon seeran waldaalee hojii gamtaa akka gurmeessuuf kennameefiin qajeelfama bittaa fi gurgurtaa gadi bu'een ta’ee sirna bittaa hordofee bittaan tajaajilaa ogummaa kun kan raawwatamu ta'a.
- Boordiin/Koree hojii raawwachiiftuu Waldaaleen Hojii Gamtaa naannawaa sanaa dorgomaan yommuu dhabamu;ogeessi ogummaa addaa qabu ykn ogeessi ogummicha waliin wal madaalu jira jedhee yommuu amanu dorgommii tokko malee waliigalteedhaan sirna bittichaa hordofee kallattiidhaan bittaa kallattii hordofee ramaduu ykn qacaruutu irra jiraata.
- Koreen hojii raawwachiiftuu, manajimentiin fi Ogeessota qaama gurmeessuun Sanada adeemsa fo’annoo/ filannoo/ waliin madaalanii kan irratti waliigalaniin raawwatamuu ni danda’a.

- ❖ Dorgomtoota ulaagaa guutan kan afeeru beeksisa ifaati baasuun  kan raawwataudha.
- ❖ Adeemsa dorgommichaatiin ogeessota gorsaa addaan baasuuf fedhii isaanii akka beeksisan gaafachuudhaan (Expresion of interest) hojii irra ni oolfama. Qaamoleen fedhii agarsiisan hamma dandaa'ametti karoorawwan ykn piroppozaalii teekniikaa dorgommichaaf isaan gargaaru ni dhiheeffatu. Haaluma karoora teeknikaa dhiyeeffataniin karoora faayinaasiisi walifaana  ni dhiyeeffatu. Karoora teeknikaa fi faayinaasi / piroppozaalii/ dhiyeeffatan kan dorgomsiisu fi qacarii kan raawwatu koree miseenota sadi/3/ qabuun ulaagaa bu'uureffachuun  qacariin kan raawwatu ta'a.( miseenoni koree beekamuu qabu)
- ❖ Yoo ogeessota gorsaa dorgommii malee kallattiidhaan filataman ta'e, bifa humna kaffaluu Waldaa Hojii Gamtichaa yaada keessa galcheen fi beekumsa, muuxannoo fi dandeettii gorsichaa tilmaama keessa galchuudhaan dorgommiin teekinikaa fi faayinaansii osoo hin barbaachisin bu'uura dorgommii ykn waliigaltee Waldaan Hojii Gamtichaa taasisuun kan raawwatamu ta'a. Ogeessonni gorsaa dorgommii malee kallattiidhaan filataman/calalamaniif qabxiileen ittiin filataman/calalaman ni jiraata.

### 2.2.2. Ulaagaalee foo'anaa Ogeessota Gorsaa,

Hanqinoota gaggeessumaa, hojimaataa fi kenniinsa tajaajilaa Waldaa Hojii Gamtichaa qu'annoo irratti hundaa'ee addaan baafama. Bu'uuruma adda  ba'een  ogeessonni gorsaa adda addaa Waldaalee Hojii Gamtaa keessatti hammachiisuuf tajaajila gorsaa kennuuf yoo xiqqate ulaagaalee armaan gadii kana bu'uureffachuudhaan kan adda baafaman ta'u.

### I. Qophii Barnootaa

1.1. Gosa ogummaa hojii gorsaa isaa waliin walitti dhufeenya kallattii qabu,

1.2. Qophii/gosa/ barnootaa ogummicha waliin walitti dhufeenya kallattii qabu,

### II. Muuxannoo Hojii Ogummicha waliin walitti dhufeenya ykn kallattii/rogummaa/ qabu

1.1. Ogummicha waliin muuxannoo hojii kallattiin/ rogummaa/ waggaa 20 ol qabu,

1.2. Ogummicha waliin muuxannoo hojii kallattiin /rogummaa/ waggaa 10-20 qabu,

1.3. Ogummicha waliin muuxannoo hojii kallattiin /rogummaa/ waggaa 5-10 qabu,

1.4. Ogummicha waliin muuxannoo hojii kallattiin /rogummaa/ waggaa 5 gadil qabu,

**III. Gosa ogummaa dorgomaniin piroppozaalii hojii qopheessanii dhiheessuu,**

1.1. Karoora piroppozaalii teekinikaa dhiheessuu

1.2. Karoora piroppozaalii faayinaansii dhiheessuu,

**IV. Kanaan dura dhaabbilee hojjate irraa raga dhiheessuu**

1.1. Ragaa bu'a-qabeessummaa raawwii hojii isaa kan ibsu dhiheessuu,

1.2. Waraqaa raga Raawwii Hojii Gaarii /kan amalaa, kaka'umsaa, kutannoo, amanamummaa ibsu dhiheessuu,

V. Miiltoo Hojii Ogummaa isaa fi Qaamolee Qooda Fudhattoota waliin waa'ee waliigalteen hojjechuu, ciminaa, walitti dhufeenyaa fi amala /naamusaa/gaarii kan ibsu ragaa dhaabbata irraa hojjatu irraa barreeffamaan dhiheessuu kan danda'u,

### 2.3. Haala Waliigalteen Tajaajila Ogeessota Gorsaa Ittiin Haaromsamu

Waliigalteen tajaajila ogeessota gorsaa Waldaaleen Hojii Gamtaadhaan haaromfamuu ni danda'a. Sababoota armaan gaditti tarreeffamaniin ykn bu'aalee argaman irraa kan ka'e;-

1) Bu'aa Madaallii bu'aa hojii taasifameen tajaajila gorsaa gaarii osoo qabuu kaayyoo kaa'ame osoo hin milkeessin yeroon waliigaltee isaa yoo xumurame, akka itti fufuu yaa'ii waliigalaatiin yommuu murtaa'u,

2) Waldaan Hojii Gamtichaa ogeessa gorsaa fayyadamuu isaatiin hirmaannaan bittaa-gurgurtaa fi ga'een gabaa keessatti qabu kan duraani irra jijjiirama raawwii gaarii ta'e yoo fide;

3) Yaada gorsaa ogeessota gorsaa bu'uura godhachuudhaan sirni hojimaataa diriiruu isaa irraan kan ka'e yoo jijjiiramni kappitaalaa guddina dhufe,

4) Yaada gorsaa ogeessota gorsaa irraa kan ka'e hirmaannaa fi fayyadamummaan miseensotaa guddachaa yoo dhufee fi yoo yaa'ii waliigalaatiin itti amaname waliigalteen hojii isaa haaromfamuu ni danda.

## 2.4. Gosoota Waldaalee Hojii Gamtaa Tajaajilli Gorsaa Xiyyeeffannoo Irratti Taasisu

Gareen ogeessota gorsaa dhaabbilee mootummaa fi miti-mootummaa, dhaabbilee barnoota ol'aanaa, giddu galawwan qorannoo, baankotaa fi dhaabbilee faayinaansii kanneen biroo irraa ulaagaa fi adeemsa barbaadamuu bu'uureffachuudhaan kan filataman ta'anii itti fufiinsi isaanii bu'aa hojii galmeessisaniin kan murtaa'u ta'a.

Yeroof waldaaleen hojii gamtaa xiyyeeffannoon tajaajilli ogeessota gorsaa irratti jalqabuu qabu waldaalee hojii gamtaa Qonna maraa, Itti Fayyadamtoota fi Qusannoo fi liqii irratti akka kennamu taasisuudhaan hanqinoota qaban maqsuudhaan fayyadamamummaa miseensotaa mirkaneessuuf dandeessisa.

Haniqinaalee koreewwan waldaalee hojii gamtaa guutuuf akka dandaa'amuuf Waldaaleen Hojii Gamtaa kanneen kanatti aananii jiran irratti tajaajila gorsaa kennuu qabu.

### 1) Waldaalee Hojii Gamtaa Qonna maraa

- ❖ Warshaaleen /Industry/ Agiroo-piroseesingiin humna isaanii guutuudhaan akka hojjetan/oomishan/ dandeessisuu;
- ❖ Itti fayyadama humna namaa fi bu'a-qabeessummaa isaa guddisuu;
- ❖ Waldaalee hojii gamtaaf hoogganssa tarsiimoo kennuudhaan hojii isaanii akka bal'isan dandeessisuu;
- ❖ Gabaa biyya keessaa fi biyya alaa keessat ga'ee isaanii akka guddisan taasisuu fi dorgomaa akka ta'an dandeessisuu;
- ❖ Sirna hojimaata waldaalee hojii gamtaa ammayyeessuu;
- ❖ Kenniinsi tajaajilaa iaasnii akka fooyya'uu gochuu fi fayyadamummaa miseensotaa mirkaneessuu;

- ❖ Tajaajila ekisteenshinii babal'isuudhaan oomishaa fi tajaajila qulqulluu gabaatti dorgomaa ta'e akka kennan dandeessisuu;
- ❖ Hojimaata badaaa maqsuudhaan bulchiinsa gaariin akka jiraatu dandeessisuu;
- ❖ Qabiinsaa ragaa ammaya'aan fi wal jijjiirraan odeeffannoo akka jiraatu taasisuu
- ❖ Ijaarsa bu'uraalee misoomaa fi itti fayyadama teekinoloojii bal'isuuf

**2) Waldaalee Hojii Gamtaa Itti Fayyadamtootaa**

- ❖ Tajaajila Oomisha qonnaa fi bu'aa induustirii yeroodhan baayina , qulqullinaa fi gatii madaalawaadhaan dhiheessuudhaan fedhiin miseensotaa akka guutamu taasisuu;
- ❖ Oomishin seeran ala kuufamee akka hin jiraanee taasisuu;
- ❖ Oomishitoota fi fayyadamtoota kallattiidhaan walitti hidhamiinsa taasisuudhaan cancalli gabaa akka gabaabbatu taasisuu;
- ❖ Hojimaata badaaa maqsuudhaan bulchiinsa gaariin akka jiraatu dandeessisuu
- ❖ Sirna hojimaataa diriirsuudhaan waldaalee hojii gamtaa ammayya'aa taasisuu;
- ❖ Hooggansa tarsiimawaa kennuudhaan kenniinsa tajaajila isaanii akka bal'ifatan dandeessisuu,
- ❖ Itti fayyadama humna namaa fi bu'a-qabeessummaa isaa guddisuu;

**3) Waldaalee Hojii Gamtaa qusannoo fi Liqii**

- ❖ Qusannaa fi inveestimantiin akka babal'atu daneessisuu;
- ❖ Sirna qabiinsa odeeffannoo ammayya'aa (Core banking system ) akka fayyadaman taasisuu
- ❖ Waldaaleen Hojii Gamtaa Qusannoo fi liqii maallaqaa Waldaaleen Hojii Gamtaa kanneen biroo waliin sirna hojimaataa qindaa'anii ittiin hojjatan diriisrsuu

# Kutaa Sadii

### 3.1. Adeemsa Gorsaatiin Dhimmoota Xiyyeeffannoon Irratti Taasifamu/Barbaadan

1. Waldaaleen Hojii Gamtaa tajaajila gorsa ogummaa labsii, dambii fi qajeelfama bu'uureffate kennuu;
2. Hojiin Karoora daldalaa fi tarsiimawaan sadarkaa isaa eeggatee akka qopheessanii tajaajila gorsaa kennuu;
3. Dandeettii gaggeesummaa fi too'atummaa gaggeesitoota guddisuu;
4. Kenniinsa hanqina tajaajila bu'uureffachuudhaan tajaajila gorsaa kennuu;
5. Tooftaa dandeettii kappitaala keessoo isaanii guddisuu irratti tajaajila gorsaa kennuu;
6. Pirojeektota/piroppozaalota/ haaraa fedhii miseensotaa bu'uureffate haala qorqnnoo bu'a-qabeessummaa isaatiin akka bocuudhaan tajaajila gorsaa kennuu;
7. Sirni qabiinsa herreegaa, faayinaansii fi bulchiinsa qabeenyaa teekinoolojiin deeggarame akka diriisanii fi fayyadamaman tajaajila gorsaa kennuu;
8. Sirni qabiinsa ragaa ammayyaa'aa fi dhiheessii gabaasa akka jiraatuuf tajaajila gorsaa kennuu;
9. Tajaajila mekaanaayizeeshinii bu'a qabeessa, saffisaa fi baasii qusatu akka kennaniif tajaajila gorsaa kennuu;
10. Oomishaalee gabaatti barbaadamoo ta'an baayinaan , qulqullinaan fi yeroon cancala gabaa gabaabsun kallattiidhaan akka dhiheessaniif tajaajila gorsaa kennuu;
11. Tooftaa tilmaamuu gatii gabaa irratti tajaajila gorsaa kennuu;,
12. Hojii sona dabaluu irratti xiyyeeffannoo kennanii akka hojjataniif tajaajila gorsaa kennuu;
13. Ga'een gabaa fi hirmaannaa gabaa biyya keessaa fi biyya alaa akka guddisaniif tajaajila gorsaa kennuu;
14. Hanqinaalee fi dadhabbiiwwan waldicha adda ba'an adda baasuudhaan tooftaalee fayyadamummaa miseensotaa guddisan qopheesuu,

### 3.2. Adeemsa Hojimaata Kaffaltii Ogeessota Gorsaaf Kaffalamuu,

Waldaaleen Hojii Gamtaa tajaajila gorsaa ogeessonni gorsaa kennan irratti hundaa'uudhaan kaffaltii ni raawwatu. Kaffaltiin taasifamu bu'uura sirna kaffaltii dambii ittiin bulmaataa waldichaa keessatti ifaan kan kaa'ame bu'uureffatee kan raawwatamu ta'a.

Dhaabbilee jalqabbii irra jiran biizinasii qaban tokko tokko ogeessota gorsaaf bu'uura humna isaaniitiin kaffaltiiwwan ni raawwatu. Keessumattuu deggarsa walgahii irratti taasifameef kaffaltii durgoo qofatu kanfalama . Tokko tokko nyaata qopheessuudhaan ni afeeru. Kanneen biroon immoo hojii kanaaf jecha kan baasan bu'uura sanada dhiheeffataniin baasiilee ni haguuguuf. Korporeeshinoota gurguddaa keessatti miseensota boordii gorsaaf kaffaltiin waggaa kaffalamuuf idilummaadhaan kan boordii daarekterootaaf kaffalamuuf irra ol'aanaadha.

/Kaffaltiin miindaa ogeessota gorsaaf kaffalamuuf bu'uura waliigaltee taasisaniin ta'a. waliigalteen kaffaltii taasifamus ji'a ji'aan ykn ji'ota sadi sadiin ykn waggaa waggaadhaan ykn immoo tajaajila bilisaatiin kan raawwatamu ta'a. Bu'uura waliigaltee waldaa hojii gamtichaa waliin taasifamuun ogeessota gorsaa hamma dandaa'ametti cimsuuf jecha fayidaaleen adda addaa qu'annoo bu'uureffate jechuuunis baasii bilbilaa, baasii geejjibaa, fi baasiiwwan kanneen biro haguuguudhaan raawwatamu ni danda'a.

Ogeessonni gorsaa xumura waggaatti bu'uura waliigaltee seenaniin bu'aa qabatamaa fidan bu'uura godhachuudhaan akka itti fufan kan murtaa'u yoo ta'ee fi bifa dandeettii kaffaluu waldaa hojii gamtichaa tilmaama keessa galcheen qu'annoo bu'uureffachuudhaan kaffaltii isaan argatan fooyya'uu ni danda'a. Fayidaaleen onnachiisaa ogeessota gorsaaf kaffalamu qaama waliigaltee osoo hin taane fedhii Waldaan Hojii Gamtichaan kan kaffalamu ta'a.

Miindaanis ta'e kaffaltiin fayidaalee adda addaa ogeessota gorsaa kamiif illee kaffalamu bu'uura qaawwaa Waldaan Hojii Gamtichaa qabuu fi waliigaltee bu'uureffachuudhaan ta'a. Miindaa fi fayidaaleen kaffalamu akka hirmaannaa ogeessonni gorsaa taasisaniin ta'ee keessumattu sadarkaa muuxannoo fi beekumsa qabaniin adda adda ta'uu ni danda'a.

### 3.3. Ga'ee hojii fi Itti Gaafatamummaa Ogeessota Gorsaa,

Ogeessotni gorsaa itti waamamni isaanii yaa'ii waliigalaa waldaa hojii gamtaaf dha. Bu'uura dambii ittiin bulmaataa keessatti murtaa'uun koree hojii raawwachiiftuu fi koree to'annoof hojii fi itti gaafatamummaa kannamanitti dabalataan hojii fi itti gaafatamummaa ogeessota gorsaaf ni kennaaf.

1) Gaggeesitoon ragaa fi beekumsa irratti hundaa'uudhaan hooggansa tarsiimoo fi seera hordofanii murtiiwwan akka murtaa'an dandeessisuu;

2) Qaamoleen hooggansaa karoora tarsiimawaa fi karoora hojii daldalaa dandeettii isaanii bu'uureffachuudhaan akka qopheeffataniif deggarsa taasisuu;

3) Qaamoleen Hooggansaa leenjiiwwan adda addaa ga'umsa hooggansaa fi kenniinsa murtii gabbisuu danda'an kennuu fi dandeettii isaanii guddisuu;

4) Qaawwota bu'a-qbeessummaa, hirmaannaa fi fayyadamummaa miseensotaa irratti hudhaa ta'an adda baasuudhaan kallattii furmaataa dhiheessuudhaan hojii irra akka oolu taasisuu;,

5) Damee hojii bu'a-qabeessa taasisuu danda'an adda baasuudhaan sadarkaa qaamolee hooggansaatti kan waloo taasisuudhaan yaa'ii waliigalichaatiin raggaasisee hojii irra akka oolu taasisuu,

6) Hojimaata, teekinoloojii, karoorawwanii fi sagantaalee bu'a-qabeessa ta'a haaraa Waldaaleen Hojii Gamtaa bu'a qabeessa taasisu jedhamanii adda ba'an addaa adda baasuudhaan seeraa fi hojimaata hordofee sadarkaa qaamolee hooggansaatti kan waloo taasisee fi yaa'ii waliigalaatiin raggaasisee hojii irra akka oolu taasisuu,

7) Dhimmoota qaamolee hooggansaatiin ka'an irratti haala hojiiwwan guyya guyyaa irraa adda ta'een hubannoowwan gadi fagoo fi yaadawwan "tajaajila gorsaa ogummaan guute" dhiheessuu dha. Yaadawwan hojii biizinasii adda addaa maddiisiisuun akka dandaa'amu jajjabeessuu fi deggaruu.

8) Kanneen biroon gama itti gaafatamummaa ogeessota gorsaatiin hojiiwwan dabalataa yaa'ii waliigalaatiin kennaman fuudhee hojii irra oolchuu;

### 3.4. Haala Bobba'aa fi Bulchiinsa Ogeessota Gorsaa,

#### 3.4.1. Bobba'aa Ogeessota Gorsaa,

Bobba'iinsi Ogeessota GorsaaWaldaaleen Hojii Gamtaa sadarkaa guddinaa bu'uureffachuudhaan qu'annoo irratti hundaa'amee qaawwota ogummaa adda ba'an bu'uureffachuudhaan kan raawwatamuu dha.

Qaawwota qorannoodhaan adda baafaman bu'uura godhachuudhaan babba'umsi ogeessota gorsaa bu'uura qajeelfama Bittaa fi Gurgurtaa fi Misoomaa fi Bulchiinsa Qabeenya Humna namaatiin beeksisa ifaatiin dorgomtoota afeeruudhaan ni raawwatama. Dorgommiin taasifamus safartuuwwan teekinikaa fi faayinaansii bu'uureffachuudhaan kan raawwatamu ta'a. Dorgommichi kan inni adeemsifamu ulaagaa ogummaa barbaachisaa haala guuteen baaqqeedhaan kan raawwatamu ta'a.

Bobba'iinsi ogummaa qaamolee hooggansa hojii Waldaaleen Hojii Gamtaa sirna isaa osoo hin eegin kallattiidhaan ogeessi ogummicha waliin wal madaalu jira jedhanii yommuu itti amanan dorgommii teekinikaa osoo hin taasisin bobbaasa ogeessota gorsaa ni taasisu. Barbaachisaa ta'ee argamnaan abbaa taayitaa ogummaa qabu itti dhiheenyaan deggaruunis bu'uura deggarsa argataniin bobbaasa ogeessota gorsaa taasisuu ni danda'u,

Ogeessotni gorsaa qaxaraman yaa'ii waliigalaa waldaa hojii gamtichaattin dhihaatanii yaadni itti kennamee fudhatamummaa yommuu argatan qaama hooggansa hojii ta'uudhaan hammatamanii akka hojjatan ni taasifama,

Waliigalteen hojii ogeessota gorsaa waggaa tokkoof kan turuudha. Gabaasa waggaa waggaadhaan yaa'ii waliigalaaf dhihaatu bu'uura godhachuudhaan barbaachisummaa fi bu'a-qabeessummaan hojichaa ilaalamee yommuu yaa'ii waliigalichaatiin itti amanamu waliigalteen hojichaa yeroo dabalataa waggaa tokkoof haaromfamee kan itti fufu ta'a.

#### 3.4.2. Bulchiinsa Ogeessota Gorsaa

Haalli bulchiinsa ogeessota gorsaa bu'uura qajeelfama bulchiinsa humna namaa waldaa hojii gamtichaa fi adeemsa qaxaraatiin bu'uura waliigaltee seenameen kan raawwatamu ta'a.

### 3.5. Amaloota Naamusaa Ogeessota Gorsaa Irraa Eegaman

Ogeessotni gorsaa gama itti gaafatamummaa ogummaa isaaniitiin hojiiwwan isaaniif kenname yommuu hojjatan naamusa dhuunfaa fi hojii kanatti aananii jiran akka qabaatan isaan irraa eegama.

- ❖ Hicciitii dhaabbatichaa eeguu
- ❖ Murtiiwwan boordii hooggansa hojii/koree to'annoo irratti dhiibbaa uumuu geessisuu dhiisuu,
- ❖ Ogummichaaf kabaja kennuu,
- ❖ Dhugummaa,
- ❖ Amanamummaa,
- ❖ Yaada dadhabbii kanneen biroof iddoo/gatii kan kennu
- ❖ Tumsaa fi hojii garee bu'a-qabeessa ta'e jajjabeessuu,
- ❖ Suusii adda addaa irraa bilisa ta'uu,
- ❖ Hannaa fi hojimaata badaa irraa kan fagaate,
- ❖ Yaada miseensota hooggansa hojii fi mirga abbummaa isaanii kabajuu,

### 3.6. Waa'ee Wliigaltee Ogeessota Gorsaa Addaan Kutuu,

Waliigaltee qaxara hojii addaan cituu waliin wal qabatee gaaffiileen fayidaa bu'uura qajeelfama bulchiinsa humna namaa waldaa hojii gamtichaa fi waliigaltee hojii ogeessi gorsaan waldaa hojii gamtichaa waliin bu'uura taasifameen deebii kan argatan ta'u. Ogeessotni gorsaa waliigalteen bobbaasa humna namaa waldaa hojii gamtichaa waliin seenan sababoota adda addaatiin addaan cituu ni danda'a. Waliigaltichi sababoota kanatti aananii jiraniin addaan cituu ni danda'a.

- ❖ Hojii fi itti gaafatamummaa waldaa hojii gamtichaatiin kenname seeran kan hin bane ta'uun yommuu mirkanaa'u,

- Kaayyoo isaa yommuu milkeessuu fi yeroon waliigaltee hojii isaa yommuu xumuramu,
- Labsii, dambii Qajeelffamoota fi dambii ittiin bulmaataa waldichaa kabajee kan hin hojjanne yoo ta'e,
- Hicciitii jiraachuu waldaa hojii gamtichaa miidhuu danda'u dabarsee kan kennu yoo ta'e,
- Qabeenyi Waldaa Hojii Gamtichaa ta'e jedhee akka qisaasamu kan taasisu yoo ta'e,
- Tajaajila gorsaa inni kennu bu'a qabeessa ta'uu dhiisuun isaa yommuu mirkanaa'u,
- Ogeessi gorsaan sababa naamusa ogummichaatiin ala gorsa kennuu isaatiin Waldaa Hojii Gamtichaa kisaaraan, badii fi hanqina hojii keessa yoo seenee fi gara kallattii deemuu hin qabneetti kan deemu ta'uu isaa yommuu mirkanaa'u,
- Gorsaan waldaa hojii gamtichaa waliin mari'achuun tajaajila gorsaa isa itti fufsiisuu kan hindandeenye dhibee fayyaa fi qaama miidhamummaan irra ga'uu isaatiin,du'aa fi seeraan mirgi isaa daangeffamuu isaa irraan kan ka'e ogeessi gorsaan kun hojjachuu kan hin dandeenye ta'uu isaa yommuu mirkanaa'u,
- Gareewwan waliigaltee taasisan lamaan addaan kutuu yoo barbaadan
- Gorsaan fedhii ofii isaatiin tajaajila gorsichaa addaan kutuudhaan hojii irraa yommuu dhabamu,

## 3.7. Hojii fi Itti Gaafatamummaa Qaamolee Hooggansa Hojii Yommuu Ogeessota Gorsaa Waliin Hojjatanii

Hojii fi itti gaafatamummaan boordii hoggansa hojii fi koree to'annoo Waldaaleen Hojii Gamtaa haala labsii fi dambii ittiin bulmaatichaa waldichaa keessatti ibsame akkuma eegametti ta'ee hooggansi hojii/koreewwan to'annoo ogeessota gorsaa ofi keessatti hammatee hojii isaan hojjatan hojii fi aangoo kanatti aanee jiru ni qabaata.

1) Kaayyoo Waldaaleen Hojii Gamtaa ittiin hundeeffamee fi humna isaanii bu'uureffachuudhaan karoora tarsiimawaa fi karoora hojii daldalaa qopheessuudhaan yaa'iidhaaf akka dhihaatu taasisuu,

2) Karoorawwan dhihaatan irratti yaa'ii waliigalaatiin mariin taasifamee akka raggaasisuuf ibsa barbaachisaa taasisuudhaan raggaasisuu,

3) Ogeessonni gorsaan kophaa isaanii fi akka qaamni hooggansaa waldichaatti hojiiwwan haala karooratiin raawwataman waliin madaaluudhaan kallattii raawwii itti aanuu kaa'uu,

4) Hanqinaalee adeemsa gaggeessumaa hojii keessatti mul'atan madaallidhaan addaa baasuun hojiiwwan adda addaa dandeettii hooggansa isaanii guddisuu danda'an hojjachuu,

5) Ogeessota gorsaa hojii isaanii akka gaariitti baa'achuu fi baa'achuu dhabuu isaanii ni hordofa; hanqini yoo jiraates hojii irraa dhorkee murtiidhaaf yaa'ii waliigalaaf ni dhiheessa;

6) Duub-deebii kennuu

### 3.8. Bu'a Qabeessummaa Ogeessota Gorsaa Guddisuu

Ogeessota gorsaa gama itti gaafatamummaa ogummaa isaanitti kennameen hooggansaa waldaale hojii gamtaa keessatti gurmaa'an keessatti ergama isaanii ba'uun bu'a qabeessa ta'uu akka danda'aniif;.

1) Waldaaleen hojii gamtaa wantoota hojii isaaniif isaan barbaachisan guutuu fi haalli hojii mijataan akka isaaniif uumamu taasisuu,

2) Sochii hojii keessatti rakkoolee isaan quunnaman itti dhiheenyaan madaallii hojii bu'uureffachuudhaan hanqinoota mul'atan adda baasuu fi kallattii ittiin sirreessaa deeman hordofuun barbaachisa.

### 3.9. Adeemsa Kenniinsa Duub-deebiin Ogeessota Gorsaa Ittiin Kennamu,

1) Akkuma qaamolee hoggansaa Waldaaleen Hojii Gamtaa fi ogeessota gorsaa kammiiyyuu gama itti gaafatamummaa isaaniif kennameen bu'aan madaallii raawwannaa hojii taasifamuu fi duub-deebii raawwii hanqinoota irratti argame barreeffamaan qaamolee hooggansa hojii fi abbootii taayitaa itti dhiheenyaan isaan deggaran yeroo madaallii ji'aa bu'uura godhachuudhaan argachuu ni danda'u,

2) Qaamoleen hooggansaa waldaalee hojii gamtaa fi waajjirii babal'ina waldaalee hojii gamtaa itti dhiheenyaan deggaru duub-deebii ogeessota gorsaaf kennaman bu'uura godhatee bu'aa/firii ogeessota gorsaan dhufuu isaa fi duub-deebii fuudhatan hojii irra oolchuu isaanii hordoffii fi deggarsa yeroo irraa gara yerootti taasifamuun mirkaneessuutu isaan irra jiraata,

### 3.10. Ogeessonni Gorsaa fi Koree Hooggansaa whg Yeroo Isaan Walitti Dhufeenya Qabaatan

Ogeessota gorsaa, koree hooggansaa ykn koree to'annoo waliin walitti dhufeenya isaan qaban bu'uura waliigaltee taasifamuun kan murtaa'u ta'ee fudhatamuu danda'a.

Yeroon walitti dhufeenya qabatan dhaabbilee hedduu birati kan baratame waggaatti yoo xiqqate yeroo afur yommuu ta'u yeroo hedduu irra deddeebui'uudhaan akkaataa barbaachisummaa iaastti adeemsaani wal quunnamu.yeroo wal-ga'ii koree dabalataanis walargu.

Ogeessota gorsaa akkaataa barbaachisummaa isaatiin dambii ittiin bulmaataa isaanii keessatti bu'uura murtaa'een qaamolee hooggansaa waliin ji'a ji'aan akkaataa barbaachisummaa isaatiin kan wal quunnaman ta'ee xiyyeeffannoon wal quunnamtii kanneen kanatti aananii jiran ta'u.

#### 1) Walitti dhufeenya qophii karooraa fi raawwii hojii bu'uureffate

Ogeessonni gorsaa Waldaaleen Hojii Gamtaa humna qaamolee hooggansaan ol ta'an dhimmoota tarsiimoo addaan baasuu fi akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin sadarkaadhaan kaa'uudhaan

gara hojiitti akka galamu ni taasifama. Hojiiwwan tarsiimawaa ta'an adda addaa milkeessuu irratti karoora xiyyeeffate ni qopheessa. Karoora kenname irratti hooggansa hojichaa waliin mariin ni taasifama.

Karooronni qophaa'an kaayyoo fi ergama Waldaan Hojii Gamtichaa waliin kan firooman ta'uu isaanii mirkaneessuudhaan gara hojiitti ni seenama. Adeemsa hojichaa keessatti baajataa fi loojistikii barbaachisan addaan ni baasa. Maddawwan baajataa fi loojistikii hooggansa waliin qindaa'uudhaan kallattii furmaataa ni kaa'a. Hojiiwwan hojjataman hojjattoota qaxaramaniin kan hin hojjatamnee fi dhimmoota tarsiimawoo ijoo ta'uu isaanii mirkaneessuudhaan gara hojiitti ni seenama. Kaarooricha akkuma haalichaatti ilaaluudhaan hojiin fooyyessuu yeroo yeroodhaan ni hojjatu. Adeemsa hojii keessatti hojiiwwan dhufan haaraa adda addaa milkeessuuf ogeessa gorsaa waliin marii fi waliigalteen irratti taasifama. Waliigalticha bu'uureffachuudhaan dhimma gorsaa xiyyeeffannoodhaan ni hojjata.

Piroppozaalii karoora hojii ittiin hojjetan qopheessan jiraachuu qaba.Gama ogeessa gorsaatiin karoorota dhihaatan qaamolee hooggansaa waliin kan wal simu ta'uu qabu. Fedhii qaamolee hooggansaa fi qaawwa adda ba'ee ala tajaajilli gorsaa taasifamu bu'aa eegamu hin fidu.

Karoorri tarsiimawaan qophaa'u fedhii Waldaalee Hojii Gamtaa bu'uura kan godhatee fi miseensotaan kan ragga'e ta'uu qaba; karoorrii miseensonni isaan hin beekne fi hin mirkaneesine karoora sirrii ta'uu hin dandaa'u. Pirojeektotaa fi sagantaalee Guddina Waldaaleen Hojii Gamtaaf deggaran bocuudhaan qabeenya ni barbaada. Raawwii karooraa fi kenniinsa tajaajilaa irratti ogeessi gorsaa hordoffii fi deggarsa kennuutu barbaachisa.

Qaamoleen hooggansaa fi koreewwan to'annoo Waldaa Hojii Gamtichaa gosa hojii irratti bobbaa'anii fi sadarkaa raawwii irra jiranniin deggarsaa fi hordoffii taasisuutu irra jiraata. Humni hordoffii, madaallii fi to'annoo isaanii akka jabaatuuf ogeessonni gorsaa deggarsa ogummaa taasisuu fi duub-deebii wayitawaa kan ittiin kennuu danda'an uumuu barbaachisa.

### 2) Walitti Dhufeenya Faayinaansii fi Qabiinsa Herreegaa Bu'uureffata

Qaamoleen Hooggansaa whg gabaasa faayinaansii fi odiitii bu'uureffachuudhaan haala qabeenyaa fi idea akka gaariitti dandeettii hubachuun isaanii taasisuutu irra jiraata.Gabaasa

odiitti dubbisuudhaan bu’a qabeessummaa fi fayyummaa isaa mirkaneessuudhaan dandeettii kenniinsa murtii isaanii guddisuudha.Hojimaata ifaa fi itti gaafatamummaa diriirsuu humna dandeessisu gabbisuu.

### 3) Walitti Dhufeenya Hojimaata Kenniinsa Sagalee Bu’uureffata

Miseensonni qaamolee hooggansaa fi koree to’annoo qaamolee yaa’ii waliigalaatiin bakka buufaman ykn filataman yommuu ta’an ogeessota gorsaa garuu qaxaraan kanneen hojjataniidha. Ogeessota gorsaa miseensummaadhaan qaamolee hooggansaa waliin qindaa’anii aangoo fi hojii wal qixa kan qaban yomuu ta’u mirga murtiiwwan sagaleedhaan murteessuu seeraan kan inni kennameef abbootii waldichaa qofaaf dha.Ogeessota gorsaa adeemsa kenniinsa murtii keessatti sagalee kan hin qabne waan ta’aniif sagalee ofii isaanii murtiif ga’u hin qabaatan.

Qaamoleen Hooggansaa kenniinsa murtii taasisan irratti sagalee guutuu qabu. Garuu ogeessota gorsaa humna murteessuu qaamolee hooggansaa guddisuu fi humna, odeeffannoo fi yaada murtiif ga’u kennuudha. Ogeessonni gorsaa Waldaa Hojii Gamtichaa Qaamoleen Hooggansaa sagale-dhabeeyyii ta’uudhaan hirmaannaa ni taasisu.

Yaadawwan murtii ogummaa sadarkaa ogeessotaatti kennaman barreeffamaan deggaramanii kan dhihaatan yommuu ta’u yaadni murtii barreeffamaan deggaramee dhihaate qaamolee hooggansaaf murtiif ka’umsa ta’ee ni tajaajila. Ogeessota gorsaan yaada murtii barreeffamaan dhihaate irratti bu’uureffatee murtii kennamu erga kennanii qaamolee hooggansaa waliin ogeessonni gorsaa akkuma murtii wal qixa kennanitti lakkaa’amee itti gaafatamummaa kan fudhatan ta’a.

### 4) Walitti Dhufeenya To’annoo Bu’uureffate

Hooggansi hojii ykn koreen to’annoo ogeessota gorsaa waliin bu’uura waliigaltee qabaniin haala raawwii hojiin raawwatamuu isaa yeroo gara yerootti ni to’ata. Kan to’annoof deggaran cheekiliistii to’annoof deggaran kan ofii isaanii qopheessanii fayyadamuu ni danda’u.

Hojiiwwan bu’uura gabatee yeroo isaaniitiin raawwatamaa jiraachuu isaanii yeroo yeroon mirkaneessota wayitawaa ta’an ni qabaata. To’annicha bu’uureffachuudhaan yoo qaawwonni jiraatan yaadawwan kennuun bu’a qabeessummaaf waan gargaaruuf hojimaata jajjabeessaa waan ta’eef fayyadamuun gaarii ta’a. Adeemsa to’aanoo raawwii hojii keessatti walitti dhufeenya gaarii jiru akka hin miidhamnee fi hin baneef amaloonni dhuunfaa, haasaa fi akkaataa fayyadama miirota ofii irratti ofi eeggannoo ogummaa qabu taasisuu qaba. Ogeessonni gorsaa gama itti gaafatamummaa hojii isaaniif kennameen hojii akka gaariitti raawwachaa jiraachuu isaanii sadarkaa qaama hooggansa waldaa hojii gamtaatti hordoffii fi to’annoon kan taasifamuudha.

**5) Walitti dhufeenya dhiheessii Gabaasaa fi Kenniinsa Odeeffannoo Bu’uureffate**

Ogeessota gorsaa gama itti gaafatamummaa isaaniif kennameefiin karoora hojii isaanii bu’uureffachuudhaan gabaasa raawwii hojiiwwan waliigalaa qophaa’ee qaamolee waldaa hojii gamtaaf bu’uura waliigaltee seenameen akkaataa haalichaatiin kan dhihaatu ta’ee bu’uuran garuu ji’a ji’aan, kurmaanaan, walakkaa waggaa fi waggaa waggaadhaan Gabaasi waliigalaa/Cuunfaa kan dhiheessan ta’a. gabaasi raawwii hojii ijoon waggaatti yeroo tokko barreeffamaan yaa’ii waliigalaaf dhiheessudhaan sirriitti erga madaalameen booda ragga’uu qaba.

Gabaasa raawwii hojii ogeessota gorsaa bu’uura unka Waldaa Hojii Gamtichaan qophaa’een yeroo isaatti dhihaachuu qaba. Gabaasaaleen dhihaatan sadarkaa qulqullina isaanii kan eeggatan, ibsa kan kennan, iftoominaa fi amanamummaa kan qaban, wayitaa’ummaa kan eeggatan, rakkoo hiikuuf kan gargaaranii fi kan fuula duraa kan agarsiisan ta’uu qabu. Bu’uura gabaasa raawwii dhihaateen waloodhaan madaaluudhaan rakkoowwan adda baafamu.Rakkoowwan quunnamaniif furmaata barbaachisaa fi tarkaanfiileen sirreeffamaa ni kennamu. Hamma dandaa’ametti rakkooleef furmaata saffisaa kennamuutu irra jiraata.Madaallichas hordofee bu’a qabeessummaa isaa irratti amantaa yommuu dhabu waliigalticha addaan kutuudhaan yaa’ii waliigalaatti beeksiisuu qaba.

Karoorri ogeessota gorsaa yeroo gara yerootti boordii hooggansa hojiitiin ragga'e gabaasi raawwii isaa Ejensii Babal'ina Waldaalee hojii Gamtaa dhimmi ilaalutti yeroodhaan ni dhiheessa.Gabaasi ogeessota gorsaan dhihaatu akkuma hojiiwwan, gosa, bal'inaa fi sadarkaa Waldaaleen Hojii Gamtaan kan adda ba'u ta'ee hojiiwwan kanatti aananii jiran irratti xiyyeeffannoo ni taasisa.

- Raawwii hirmaannaa bittaa gurgurtaa miseensotaa,
- Raawwii bittaa gurgurtaa fi ga'ee gabaakeessatti qaban
- Qabiinsaa fi bulchiinsa galteewwan calla guddiftuu homishaalee qonnaa,
- Gabaasa herreega faayinaansii wayitawaa,
- Raawwii dhiheessii faayinaansii keessoo ykn kappitaalaa,
- Fedhii liqii miseensotaa qaqqabamaa taasisuuf hojimaata dandeessisuu fi akkaataa idaan ittiin deebi'u,

**6) Walitti Dhufeenya Muuxannoo hojii fi Tajaajila Leenjii Bu'uureffate**

Ogeessonni Gorsaa filataman dhommoota filataman irratti miseensonni boordii hooggansa hojii fi koree to'annoof hojiiwwan isaan raawwatanii fi dhimmoota bu'uuraa kanneen biro irratti hubannoo isaanii guddisuuf leenjiin walitti fufiinsa qabu ni kennama. Muuxannoowwanii fi mudannoowwan hooggansaa fooyya'aa ta'an walitti qabuudhaani fi qindeessudhaan kan Waldaa Hojii Gamtichaa waliin deemu dhiheessuudhaan hojii hooggansa jabeessuu ni hojjata. Leenjii kennuufis ta'e mudannoowwan muuxannoo fayyadamuuf baajata gargaaru kan ragga'e qabaachuutu irra jiraata.

Waldaan Hojii Gamtaa giddugaleessa leenjii mijataa kan mataaa isaa, baajata gahaa fi loojistikii akka qabaatu yokiin qaamolee kan biro waliin qindaawuudhaan yaadawwan filatamaa karaa ittiin argachuu danda'an dhiyeessuudhaan fayyadamaa taassisuu dha. Xiinxallii Yaaliwwan biyya alaa fi biyya keessaa herreguudhaan akka raawwatamu taasisuu dha. Haala qaamileen bulchiinsa waldaalee hojii gamtaa qaamilee sadarkaa addunyaa jiran itti wal quunnaman dandeettiin isaanii akka guddatu tajaajila gorsaa kennuufiidha

Waldaaleen Hojii Gamtaa tekinooliijiiwwan gudduna isaanii deggaran madddisiisuun hojii irra akka oolchaniif deggersa ni taasisa. Qulqullina oomishaa fi waliigalaan haala adeemsa hojii gabaa irratti qaamilee bulchiinsaa waldaalee hojii gamtaaf hubannoo isaanii cimsuu dha.

**7. Quunnmtii kenniinsa tajaajila gabeessuu bu'uura godhate**

Miseensota irraa homisha qulqullinaan, baay'inaan fi yeroo isaatti homisha ofi harkaan gaa'atu qindeessuudhaan gabaaf dhiheessuu, bakka ga'umsa gabaa bal'isuudhaan gatii gabaa fooyya'aa akka argatan taasisuu fi tajaajila suphiinsa maashinarii miseensotaaf kennuu akka dandaa'aniif qaamolee hooggansaaf tajaajila gorsaa kennuu .

Koreewwan waldichaa miseensota isaatiif filannoowwan faayinaansii fi taajaajilaa barbaadan kappitaala keessa horachuudhaan ykn madda kan biro irraa haala ittiin argachuu danda'an mijeessuu

- Odeeffanno gabaa waqtaawaa kennuu, sirna kanfaltii qulqullina bu'uura godhate oomishaalee qonnaaf raawwachiisuu fi haala hojii gatii oomishaa shalaguu keessatti iftoomina uumuu.
- Hirmaannaa dhiyeessii oomisha miseensootaa bu'uura waliigaltee seenaniin guutuu taasisuun yeroodhaan akka dhiyeessan gochuu.
- Oomishawwan itti fayyadamaa jiilmaa fi qinxaaboon akka dhiyeessan deggeruu.
- Mana kuusaa, giddugaleessa gabaa fi bu'uuraalee misoomaa kanneen biroo murteessoo ta'anii fi kenniinsa tajaajilaa ammayeessuu danda'an karooraan raggasisuum akka guutaman deggeruu,
- Qaamileen bulchiinsaa Waldaaleen Hojii Gamtaa odeeffannoo bu'uura waliigalaa qindeessanii qabaachuu akka danda'an ga'umsa horachiisuu

**8. Quunnamtii fayyadamaa teekinooloojii bu'uura godhate**

Deggersa sirna dhiyeessii jiijjiirraa qaamawwan maashinerii fi kenniinsa tajaajila suphiinsaa diriirsuuf dandeessisan taasisuu ni qaba. Teekinooloojiwwan haaraa saffisummaa bulciinsaa fooyyeessuuf danda'an fiduudhaan akka raawwataman taasisuu qabu. Teekinooloojiwwan haaraa guddina Waldaaleen Hojii Gamtaaf murteessoo ta'an barsiisuudhaan ykn baay'isuudhaan raawwii akka qabaatuuf deggersa gorsaa taasisuu ,

**9. Quunnamtii isa qaamilee hooggansaa ga'umsaaf qaqqabsiisuu bu'uura godhate**

Miseensoolii hooggansawwanii fi koree to'annoo Waldaaleen Hojii Gamtaa deggeruu, geessisuu, muuxannoo qooduu fi haalawwan mijatoo dandeettiwwan hooggansaa itti argaman uumuun ni barbaachisa.

**10. Quunnmatii isa hordoffii fi madaallii bu'uura godhate**

Waldaaleen Hojii Gamtaa ogeessota gorsaa gama gochaa fi itti gaafatamummaa isaaniif kennamee tiin hordoffii raawwii hojjaalee fi madaallii qaamilee hooggansa hojiitiin taasifamu ni qabaatu.

**11. Quunnmatii isa kanfaltii bu'uura godhate**

Waldaaleen Hojii Gamtaa haala waliigaltee taasiseen ogeessota gorsaatiif kanfaltii tajaajilaa ni raawwatu. Bu'uura waliigaltechaa tiin kaffaltiin kan raawwatu bu'uura miindaa ykn durgootiin ykn bifa baasii haguuguutiin filatamuu ni danda'a. Ta'ees garuu kanfaltiin kamiyyuu kan raawwatu hojjaaleen karroorfaman akkaataa waliigaltee tiin raawwatamuun isaanii mirkanaa'uudhaan yoo ta'u, kanaafis gabaasni barbaachisaan barreeffamaan wayitii dhyaatu ta'a.

Qaamoleen Hooggansaa kaffaltiin akka raawwatuuf hayyamanii hojii-geggeessaatiif beeksisuu qabu. Kanfaltiinis qorannoo irratti hundaa'ee kan fooyya'u ta'a. Barri baajataa osoo hin jijjiiramin waliigaltee jiruun ala kanfaltiin dabalataaa kamiyyuu hin raawwatamu. Waliigateen kaffaltii yommuu fooyyeeffamu karaa hooggansa hojiitiin hojii geggeessaan kana beekee akka raawwatu taasisuudhaan quunnamtii hinbarbaachisfne hanbisuun hojimmaata gaarii ni ta'a. Haala kaffaltii ilaalchisee ogeessota gorsaa fi hojii-geggeessaa gidduu quunnmtiin bifa kamiyyuu jiraachuu hin qabu.

**KUTAA AFUR**

## 4.1. Ga'ee hojii fi Itti Gaafatamummaa Ejensiin Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa Qabuu ,

1) Ejensiin Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa hanqinawwan Waldaalee Hojii Gamtaa irratti mul'atan adda baasuudhaan ogeessa gorsaatiin akka deggeramaniif Manuwaalii hojimmaataa qopheessuu fi fooyyeessuu,
2) Maanuwaalii qophaa'e irratti waldaalee hojii gamtaa fi ogeessota Ejensii waldaa hojii gamtaa sadarkaa sadarkaan jiraniif leenjii hubannoo cimsuu kennuufii,
3) Akkaataa qaawwota amala waldaa hojii gamtaa bu'uureffachuudhaan waa'ee qaxaramuu ogeessota gorsaa hordoffii fi to'annoo taasisuu;
4) Koree boordii Waldaalee Hojii Gamtaa fi ogeessota gorsaa gidduutti wal dhabdee sochii hojiitiin uumaman bu'uureffachuudhaan akka hiikamuuf deggarsa taasisuu;
5) Ogeessota gorsaa gosa ogumaa irratti qaxaraman irratti bu'aa isaan galmeessan madaaluu fi gamagamuudhan boordii waldaa hojii gamtaaf yaada gorsaa ni kenna,
6) Waldaalee Hojii Gamtaa ogeessota gorsaa qaban irratti jijjiirama/bu'aa isaan galmeessisan muuxannoo isaa gara kan biraatti jijjiiruu fi hojii babal'isuu ni hojjata,
7) Waldaaleen Hojii Gamtaa ogeessota gorsaa yommuu qaxaran waliigaltee qaxaraa qopheessuu fi hubannoo uumuu

## 4.2. Walitti Dhufeenya Ejensiin Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa fi Ogeessonni Gorsaa Waliin Qaban,

Gama biraan Ejensiin Babal'ina Waldaalee Hojii Gamtaa dandeettii waldaale hojii gamtaa gabbisu yaada keessa galcuudhaan raawwii ogessota gorsaa qacaraman akka waliigalaatti raawwii hojii waldaalee hojii gamtaa waliin kan hordofamuu fi deeggaramu yommu ta'u hojiiwwan ogeessoni gorsaa raawatan illaalchise hojiin madaaluu fi dubdeebii kennuu ni hojjeta.

Qaamooleen hoggansaa waldaalee Hojii Gamtaas maanuwalii hojii kanaan hojii fi itti gaaftamummaa isaanii kennamee bu'uura godhachuudhaan raawii hojiwwan ogeessonni gorsaa raawatan tokkummaan madaaluun,to'achuu fi argannoowwan mul'atan bu'ureefate dubdeebii kennuun bu'aaqabesummaa raawwii hojii ogesoota gorsaa akka galmaa'an ni tasifama, gufuwwan bu'aqabeesummaa ogesoota gorsaa hir'isan adda baafachuun Ejensiin Babal'ina

Waldaalee Hojii Gamtaa waliin ta'uun hiikuni ogessoonni gorsaa bu'aqabessa akka ta'an qaamolee hoggansaan kan hojetamu ta'a.

Ogesooni gorsaa qaawwota waldaale hojii gamtaatti mul'atan iratti hundaa'un akka hojjetaniif ogessota ramadaman/qacaramanidha. Ogessonni gorsaa raawwii hojii fi ittigaafatamummaa isaanitti kennaman bu'aqabeesummaan hojjechuu akka danda'aniif qaama waldaalee hojii gamtaa gurmeesse waliin walitti dhufeenya hojii armaan gadii ni qabaatu;-

**1. Deggarsoota Ogummaa**

1) Ogessonni gorsaa akkuma qaamolee hogansaa Waldaalee Hojii Gamtaa kamiyyu deggarsoota ogummaa fi tajaajiloota qaamolee waldaalee hojii gamtaa gurmeessan kennan argachuu danda'u.

2) Adeemsa waldaalee hojii gamtaa gorsuu kessatti dhimmoota mana hojii gurmeesseettin furamani akka furmaata argatan gaaffiwwan dhiyeesun debbii argachuu danda'u.

**2. Hordoffii fi gamagama**

1) Ogessonni gorsaa akka qaama hogansaatti fi ittigaafatamummaa ogummaa isaanitti kenname wajjin walqabatee hojiwwan raawatan fi rakkowwan isaan mudatan dhaabata gurmessaaf hojiiwwan madaalchisuu fi madaaluu ni raawwatu.

2) Ogessota waldaalee hojii gamtaa gorsan degaruu,hordofuu,madaaluu fi dub-deebii keenu.

**3. To'annoo**

1) Ogessota waldaalee hojii gamtaa gorsan waliin bu'uura waliigalte seenaniin sera fi sirna hordofuun akka socho'an ta'achuu qaba. Kana fixaan baasuuf sirna hordoffii cimaa diriirsuu qaba.

**4. Ijaarsa Sirna Odefannoo**

1) Ogessonii waldaalee hojii gamtaa gorsan ijaarsi sirna odefannoo akka cimu degaruu qabu.

## 5. Gudunfaa/Cuunfaa

Waldaaleen hojii gamtaa sadarkaa gudinaa fi bal'ina hojii amma irra gahaaniin hoganasa dhaabaticha waliin walsiimuu danda'u kennuudhaan rakkolee hojimaata ,hogansa,dhiyeessaa fi itti fayadama teknoolojii akkasumas rakkolee kenninsa tajaajilaa maqasuun dorgomaa fi fayyadamummaa miseensootaa mirkaneesuun barbaachisaadha.

Qaawwoota raawachuu fi raawwachisuu Waldaalee Hojii Gamtaa maqasuuf qaamolee hogansaa waldaalee hojii gamtaa keessatti gareen ogessota gorsaa qindomina ogummaa garaagaraa qaban itti waamamni isaanii yaa'ii waliigalaaf ta'e sagalee malee miseensumaadhaan akka kessatti hirmaatan gochuun Waldaaleen hojii gamtaa gahaa, cimaa fi gabaa kessatti dorgomtoota akka ta'an fi fayyadamymmaa miseensotaa mirkaneessu akka danda'an gochuuf sirna hojmaataa dandesisu dirirsuun Waldaaleen hojii gamtaa gara sadarkaa foya'aatti akka guddatan gochuu ni dandeesisa.

Ogessonni gorsaa waldaalee Hojii Gamtaa kaayyoo waldaalee hojii gamtaa galmaan gahuuf rakkolee ijoo hudhaa ta'an furuun fayyadamummaa dinagdee miseensootaa mirkaneesuuf ogesoota qacaraman ta'u isaaniin gudina waldaalee hojii gamtichaaf shoora guddaa niqabaatu. Kanaafis raawwii isaanii gara sadarkaa foyya'aatti guddisu akka danada'an sirna kaffalttii barbaachisaa ta'e diriisuun fi raawwachuun ogessota gorsaa qacaruun hojechisu kan danda'an ta'a.

Kana waan ta'eef hogansa waldaalee hojii gamtaichaa keessatti ogessoota gorsaa baratan,muxanoo fi dandetti qaban galchuun hogansichaa fi hojmaaticha ammayyomsuun deegaruun barbaachisaa ta'era.

## 6. Hojirra Oolmaa

**Gabatee 1፡ Ulaagaalee addaan baasa ogessoota gorsaa**

| T/L | Ulaagaalee addaan baasa ogessoota gorsaa | Ulfaatina Kenname 100% irraa | |
|---|---|---|---|
| **1.** | **Qophii barnootaa** | **20** | |
| 1.1. | Gosa ogummaa hojii gorsichaa waliin walittidhufeenya kallattii kan qabu | | 8 |
| 1.2. | Qophii barnootaa ogumicha waliin walitti dhufeenya kallattii kan qabu | | 12 |
| **2.** | **Muxannoo hojii ogumicha waliin walittidhufeenya ykn rogummaa qabu** | **27** | |
| 2.1. | Rogummaa ogummichaatiin muxannoo kallattii waggaa 20 ol kan qabu | | 11 |
| 2.2. | Rogummaa ogummichaatiin muxannoo kallattii waggaa 10-20 kan qabu | | 8 |
| 2.3. | Rogummaa ogummichaatiin muxannoo kallattii waggaa 5-10 kan qabu | | 5 |
| 2.4. | Rogummaa ogummichaatiin muxannoo kallattii waggaa 5 gad kan qabu | | 3 |
| **3.** | **Seektara hojii dorgomaniin piropozaala hojii qophesuun dhiyesu** | **20** | |
| 3.1. | Karoora piropozaalii teknikaa dhiyeesu | | 12 |
| 3.2. | Karoora piropozaalii faayinaansii dhiyeesu | | 8 |
| **4.** | **Dhaabbilee kanaan dura hojjechaa ture irraa ragaa dhiyeesu** | **18** | |
| 4.1. | Ragaa waa’ee bu’a-qabeessummaa raawwii hojii issaatii dhiyeessuu | | 6 |
| 4.2. | Ragaa waa’ee raawwii hoji gaarii/waa’ee kaka’umsa amalaa,kutannoo,amanamummaa/dhuga ba’umsa ibsu dhiyeessuu | | 12 |
| **5.** | **Ragaa namaan waliigaluu,walittidhufeenyaa fi amalaa dhiyeessuu** | **15** | |
| 5.1. | Miltowwan ogummaa fi qaamolee qooda fudhattoota waliin waa’ee waliigaluu fi walittidhufeenya cimaa qabaachu isaatii ragaa odeffannoo dhiyeessuu | | 7 |
| 5.2. | Miltowwan ogummaa fi qaamolee qooda fudhattoota waliin waa’ee naamusa qabaachu isaatii ragaa odeffannoo dhiyeessuu | | 8 |

| | | |
|---|---|---|
| | **Ida'ama** | **100** |